Australian Government
Department of Social Services

Humnaan dirqamuu fii ijoollummaan heerumuu

Akka wal-fuudhiin raawwatu humnaan eenyuun illee dirquun Australia keessatti yakka hamaa dha.

Awustiraaliyaa keessatti namootni heerumaa fii eenyuutti akka heerumu barbaadan filachuuf bilisa. Namni seeraan wal-fuudhii hundeessachuuf umriin waggaa **18** ol tahuu qaba. Haala takka takka keessatti kan waggaa **16** olitti wal fuudhi danda'a, garuu kun ajaja mana murtii barbaachisa.

Namni akka gaa'ila raawwatuuf dirqisiisuun, sodaachisuu ykn gowwomsuun faallaa seera Awustiraaliyaati. Akkasumas yoo ati miidhamtu hintaiin gaa'ila dirqii akka raawwatamuuf jajjabeessuun, mijeessuu ykn gaa'ila dirqii keessatti hirmaachuun faallaa seera Awustiraaliyaati.Kunis gaa'ila seeraa, kan aadaa fii kan amantii hundaafuu ni hojjata.

Wal-fuudhi qindeessame, kan namootni wal fuudhan lameenuu fedhii isaaniitiin waliigalan, wal-fuudhii humnaan raawwatamu irraa adda. Wal-fuudhii fedhiidhaan qindeessamu Awustiraaliyaa keessatti seerawaa dha.

Yoo ofii kees tahe namni ati beektu balaa akkasii keessa jiraate Police **000** bilbili.

Police Australia ni amanamu; waan ati itti himtus dhoksaatti qabama.

Nama Afaan bilisaan siif hiiku yoo barbaadde **131 450** bilbili.

Wal-fuudha humnaatiif nama biyya biraatti geessuun yookaan akka namni kan biraa qindeessu taasisuun seeraan dhorkaa dha.

Yeroo tokko tokko namoonni fedhiisaanii malee gara biyya biraatti fudhatamuun ykn biyya alaa baafamuun akka gaa'ila dirqiin raawwataniif ni gowwomsamu. Kunis waan seeraan ala ta'eef hidhaaf nama saaxiluu danda'a.

Ati, yookaan namni ati beektu kan balaa akkasii keessa jiru jiraa?

Yoo ati ykn namni ati beektu balaa gaa'ila dirqii ykn umurii malee keessa jiraate, gargaarsaaf Poolisii federaalaa Awustiraaliyaa (**Australian Federal Police** (AFP)) **131 237** (131AFP) irratti qunnamu dandeessa.

AFP nagaa kee eeguun, gorsa jalqabaa kennuun ykn gorsaaf bakka tajaajila dabalaa kanneen kan akka bakka qubannaa, gargaarsa maallaqaa, gorsaa qalbii fi seeraa akkasumas kolagaltummaa irratti kennanitti si qajeelcha. Odeeffannoo dabalataa mar-sariitii AFP **www.afp.gov.au** irratti ilaali.

Tajaajilli gargaarsa kennan kan biros Awustiraaliyaa keessa ni jiran.

Maayi Bilu Isakaay (My Blue Sky) marsariitii gargaarsaa biyyaaleessa Awustiraaliyaa kan gaa'ila dirqamaa dhoowuuf, tajaajila odeeffannoo, erguufi gorsa seeraa bilisaa kennuuf dhaabbateedha.

(02) 9514 8115 irratti bilbilaa, barreeffama gabaabaa **0481 070 844** irratti ergaa, I-meelii **help@mybluesky.org.au**, ykn mar-sariitii **My Blue Sky** irratti karaa **www.mybluesky.org.au** daawwadhaa.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fi miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fi onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa **www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa**.

Afaan hiikaa ni barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS'n gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.

Wal-fuudhii humnaan dirqamuu irratti odeeffannoo dabalataaf:

Mar-sariitii Qajeelcha Dhimmoota Biyya Keessaa (**Department of Home Affairs)** **www.homeaffairs.gov.au** irratti dowwadhaatii 'gaa'ila dirqii' ("forced marriage") barbaadaa.